

















Noohiifi Lolaa Bishaanii isa Guddaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Uumamaa 6-10

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Kan barreeffame Edward Hughes
Kan ibsame Byron Unger; Lazarus

Kan hiikkame Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Story 3 of 60

Kan dagaagsame
M. Maillot; Tammy S.

**M1914.org**

**Bible for Children, PO Box 3, Winnipeg MB R3C 2G1 Canada**

Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

**Waaqayyo** wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne **ni beeka**. Adabbiin cubbuu du'a.

**Waaqayyo garuu guddaa nu jaallata**, kanaaf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus cubbuu keenyaaf akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf dabarsee nuuf erge. **Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee** gara Waaqaa ni deeme! Amma Waaqayyo cubbuu keenyaaf nuuf dhiisa.

**Cubbuu keerraa deebi'uu yoo barbaadde,** Waaqayyoon akkas jedhi: Yaa Waaqaayyo Yesuus akka anaaf du'eefi amma deebisee jiraatu nan amana. Jireenya haaraa akkan qabaadhee bara baraaf Si wajjin akkan jiraadhuuf maaloo gara jireenya kootti koottuutii cubbuu kootiif naaf dhiisi. Akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.
Wangeela Yohaannis 3:16

**Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu!**

Afaan Oromoo







Waaqayyo lolaan guddaan tokko akka dhufuufii guutumaa lafaa akka haxaa'u isa ni akeekkachise. "Markaba isa maatii keetiifi bineensota /Beelladoota/ danuu baachuu danda'u hojjedhu" jedhamee Nooh ni ajajame. Waaqayyo ajaja isa sirrii ni ajajae. Nooh hojiitti ni qabame!
3
Namoonni Nooh Yommuu maaliif akka inni markabicha hojjetu gaafatu maaliif akka hojjetu isaaniif ibsuu isatti ni ga'isu ture. Nooh ijaarsa isaa ittuma fufee.
4
Nooh dabalataanis waa'ee Waaqayyoo namootatti himuu isaa ittuma fufe.
Namni isa dhaga'u hin jiru ture.
5
Nooh amantii guddaa argate. Yeroo roobni homaatuu roobaa hin jirrettuu inni Waaqayyoon ni amane markabichi ni qophaa'e.
6
Yeroo kana gara bineensotaa/beelledoota ni dhufe. Waaqayyoo gosoota keessaa torba ni kaa'e, kanneen biroo keessaa lama, ...
7
... Sinbirroowwan guddaanfi xiqqoon, bineensii yaraanifi dheeraan hundumtinuu gara markabichaatti ni fudhataman.
8
Tarii yommuu Nooh bineensota/belladoota gara markabichatti fe'u isattii iyyuun isa arrabsuu ni malu ta'a.
9
Isaan Waaqayyo irratti cubbuu hojjechuu isaani hin dhiisne ture. Isaan markabicha irra ba'uuf hin gaafanne ture.
10
Dhumarratti bineensonni fi sinbiroonni hundumtuu ni fe'amani. "Gara markabichaatti gali," jedhee Waaqayyoo Noohiin ni affeere. "Atiif maatiin kee."
11
Nooh, haati manaa isaa, ijoolleen isaa sadan haadholii manaa isaanii sadan wajiin gara markabichaatti ni galanii. Sana booda Waaqayyo balbalicha ni cufe!
12
Sana booda roobni ni dhufe. Roobni garmalee roobuu guyyootaa fi halkan afurtamaafi guutummaa lafaa ni fudhate. Bishaan badiinsaa magaalotaafi baadiyoota hundumaa ni fudhate.
13
Roobni yommuu caamuu, kan biraa haa hafuutii gaarreen iyyuu bishaan jalaan jiru ture. Wanti qilleensa baasee galchuu hundumtinuu nu du'e.
14
Akkuma bishaan guddaateen markabicha gara gubbaatti ol ni ka'e. Keessi isaa tarii dukkanaa'aa, tarii kan namatti hin tolle fi sirumaayyuu kan nama sodaachisu ta'uu ni mala. Garuu markabichi Noohin bishaan badiisaa sana jalaa isa ni oolche.
15
Lolaa ji'a shaniitiin booda, Waaqayyo bubbee bishaan sana gogsu ni erge. Suuta suutaa, taabotichi fiixee gaara Araaraat irratti ni qubate. Hamma bishaan gadii hirratutti Nooh guyyoota afurtama dabalataatiif markabicha keessa ni ture.
16
Nooh qurruu tokkoo fi guggee tokkoo foddaa banee ni erge. Iddoo itti quphattu lafa goggogaa dhabuun isheen gugeen sun ni deebite.
17
Torbaniin booda, Nooh irra deebi'ee ni yaale. Gugeen sun Afaan isheetti baala dhadhaa ejersaa tokko qabattee ni deebite. Guyyaa itti aanutti sababa gugeen sun hin deebineef Nooh lafti goggoguu isaa ni bare.
18